© የኢትዮጵያ ብዝሀ ሕይወት ኢንስቲትዩት
ግንቦት/2007

በUNEP/GEP የገንዘብ ድጋፍ በመድኃኒት ዕፅዋት ጥበቃ፣ ዘለቄታዊ አጠቃቀም፣ አርክቦት እና ጥቅምተጋሪነት አቅምግንባታ ፕሮጀክት የታተመ

**This Publication is financially supported by UNEP/GEF project Capacity Building for Access and Benefit Sharing and Conservation and Sustainable Use of Medicinal Plants in Ethiopia**



# PIROTOKOOLII NAGOYYAA

## Harshammee fi Duuka Deemtuu bu’aalee mirga argannaa qabeenya dhaala sanyii irraa argamuu qoodinsa haqa qabeessaa fi madaalawwaa ta’e gaggeessuuf waliigaltee heddumina lubbu qabeeyyii irratti hundaa’uun qophaa’e.

Institiyuutii Hedduumina Lubbu Qabeeyyii Itoophiyaat Proojektii Biqiloota Qorsaa Itoophiyaatin Kan Gara Afaan Oromootti Jijjiirame

Fulbaana/2008
Finfinnee

Waajjira Hedduumina Lubbu Qabeeyyii Moontiriyaal
Waliigaltee Hedduumina Lubbu Qabeeyyii Mootumoota Gamtoomanii

# PROTOKOOLII NAGOYAA MIRGA ARGANNAA QABEENYAA FI QOODIINSA HAQAA FI MADAALAWAA BU'AALEE ITTI FAYYADAMA ISAANII IRRAA ARGAMU WALIIGALTEE HEDDUMINA LUBBU QABEEYYII IRRATTI HUNDAA'E BAHE

## BARREEFFAMAA FI DUUKA DEEMTUU ISAA

## WAAJJIRA BARREESSAA WALII GALTEE HEDDUUMINA LUBBU QABEEYYII

**WALII GALTEE HEDDUUMINA LUBBU QABEEYYII DHAABBATA MOOTUMMOOTA GAMTOOMANII**

**MOONTRIYAALII**

## Ergaa Daarikteera Olaanaa Institiyuutii Hedduumina Lubbu Qabeeyyii Itoophiyaa

Pirotokoolin Nagoyyaa bara 1984/5 Magaala Riyoo Dajaneeroo, Biraazilitti mallatteessame, waliigaltee hedduumina lubbu qabeeyyii irratti hundaa'uun seera Idil Addunyaa mirga argannaa fi qoodinsa haqa qabeessa bu'aa irratti xiyyeeffatee kaayyoo sadaffaa waliigaltee hedduumina lubbu qabeeyyii caalmaatti cimsuuf bahe dha. Miseensonni Waliigaltichaas yaa`ii torbaffaa bara 1996/7tti adeemsiisaniin mirga arganaa fi qoodinsa haqa qabeessa bu'aa irratti xiyyeeffate ilaalchisee sadarka idil addunyaa irratti marii waliigaltee adeemsisuun, waliigaltee fi keewwata waliigaltichaa 15( Mirga Argannaa Qabeenyaa Dhaala sanyii) fi keewwata 8(j) (Beekuumsa Aadaa) waliigaltichaa fi Kaayyoowwan Sadan haala bu'a qabeessa ta'een akka raawwachiisu garee yeroof hudaa'eef aangoo kenneera.

Marii waliigaltee waggaa torba adeemsisameen booda yaa'ii kurnaffaa miseensotaa Onkololeessa 19 bara 2003 Magaala Nagoyyaa Jaapanitti gaggeessame irratti mirkanaa'eera. Protokoolichi Mirga Arganaa Qabeenyaa Dhaala sanyii fi itti fayyadama bu'aalee qabeenyichaa ilaalchisee Qodiinsa Haqa Qabeessaa fi Madaalawaa waliigaltee hedduumina lubbu qabeeyyii irratti hundaa'ee Harshammeen pirotokoolii Nagoyyaa mallatteessameera. Pirotokoolichi warra qabeenya dhaala sanyii dhiheessanii fi itti fayyadamaniif seera murtaawaa qopheessuun iftoomina dhuumuun bu'uura cimaa akka qabaatu gochuun hojii irra oolmaa kaayyoo sadaffaa waliigaltichaaf gumaacha guddaa taasisa.

Mootummaan Federaalawaa Dimokiraatawaa Itoophiyaa pirotokoolicha bara 2003 fudhachuun mirkaneesseera.

Hojii irra oolmaa irratti dhimmoota waldhahaa ta'aniif furmaata kennuuf afaanonni keewwata pirotokoolichaa 36 jalatti tarreessaman murteesota yoo ta'an illee institiyuutiin hedduumina lubbu qabeeyyii Itoophiyaa pirotokoolichi kunuunsa argannaa qabeenya dhaala sanyii fi beekumsa aadaa, faayidaa dhaabbataan itti fayyadamu irratti qabu yaada keessa galchuun hawwaasni biyya keenyaa sirriitti hubatanii fayyadamtoota akka ta'an gara afaan oromootti jijjiiramee akka maxxansamu godhameera.

Hawwaasni biyya keenyaas Pirotokooliin Nagoyyaa eegumsa beekumsa qabeenya heddumina lubbu qabeeyyii fi aadaa, fayyadama ittifufiinsaa qabuu fi keessumattu immo kaayyoo faayidaan qoodinsa haqa qabeessaa fi walgitiinsa qabu gumaachu hubachuun seera kana hojii irra oolchuu irratti gahee isaan irraa eegamu akka bahan nan gaafadha.

Dr. Gamadoo Daallee

Daarikteera Olaanaa Institiyuutii Hedduumina Lubbu Qabeeyyii Itoophiyaa

Waajjira Barreessaa Waliigaltee Heddumina Lubbu Qabeeyyii

Sagantaa Naannoo Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii

Daandii 413, Dhiha daandii Jaakuwees, Siyutee 800

Moontriyaali Kiyuubeeki, Kaanaadaa H2Y 1N9

Lakk. Bilbilaa +1(514) 288 2220

Faaksii +1(514) 288 6588

E-meelii secretariat@cbd.int

Weebsaayitii www.cbd.int

Waajjira Barreessaa Waliigaltee Heddumina Lubbu QabeeyyiitiinBara 2003tti maxanfame.

Kaanaadaa keessatti maxxanfame.

ISNB: 92-9225-306-9

Barreeffama kana hayyama addaa abbaa mirgaagaaffachuun osoo hin barbaachisiin madda isaa sirritti ibsuun qofa dhimma barnootaa fi hojii bu'aa irratti hin hundoofneef maxxansanii itti fayyadamuun ni danda'ama.

Qaama maxxansa kana akka maddaatti fayyadame barreeffama qopheessee isaaf eerguu barbaadu kami iyyuu,Waajjiri Barreessaa Waliigaltichaa ni jajjabeessa

Rikardii kaataalogii naannoo sana:

Protokoolii Nagoyyaa Mirga Argannaa Qabeenyaa fi Qoodiinsa Haqaa fi Madaalawaa Bu'aalee Itti Fayyadama Isaanii Irraa Argamu Waliigaltee Heddumina Lubbu Qabeeyyii Irratti Hundaa'e Bahe

Yaada Cunfaa:Barreeffamni kun barreeffamaa fi duuka deemtuu "Protokoolii Naagoyaa Mirga Argannaa Qabeenya fi Qoodiinsa Haqaa fi Madaalawaa Bu'aalee Itti Fayyadama Isaanii Irraa Argamu Waliigaltee Heddumina Lubbu Qabeeyyii Irratti Hundaa'ee Bahe" of keessaa qaba.maxxansichaan kan dhiyaatee dha.

Sadarkaa addunyaa lakkoofsa kitaabaa ISNB: 92-9225-306-9

1-Seera fi labsii EegumsaHeddumina Lubbu Qabeeyyii

2.Seera eegumsaQabeenya

3. Qindoomina Idila Addunyaa Heddumina Lubbu Qabeeyyii

4. EegumsaHedduumina Lubbu Qabeeyyii.

I -Waliigaltee Hedduumina Lubbu Qabeeyyii (1985) Protokooliiwwan, kkf,19/02/2003

II-Yaa`ii miseensotaa heddumina lubbu qabeeyyii irratti (2003 Nagoyyaa, Jaappaan)

III- Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii. K3488. A48, 2004

**Seensa**.

Waliigalteen Heddumina Lubbu Qabeeyyii mallattoof kan dhiyaate Caamsaa 28/1984Yaa'ii Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii mata dure Naannoo fi Misooma ("the Rio Earth Summit") jedhu irratti adeemsise irratti yoo ta'u, kan hojii irra oole immoo Muddee20/1986ttidha.Waliigaltichi dhimma heddumina lubbu qabeeyyii haala guutuu ta'een of keessatti qabachuun isaa dokumantii idil addunyaa isa qofaa isa taasiisaa.Kaayyoowwan sadan Waliigaltichaa eegumsa heddumina lubbu qabeeyyii,qabeenya heddumina lubbu qabeeyyii haala itti fufiinsa qabuun itti fayyadamuu fi itti fayyadama qabeenya wajjiin walqabatee bu`aalee argaman gama haqaa fi wal madaalawaa ta`een qoodachuu dha. Kaayyoo sadaffaa waliigaltichaa irra caalaatti cimsanii hojjii irra oolchuuf yaa`iii misooma itti fufiinsa qabu idila addunyaa gaafa Fulbaana 1995tti magaalaa Johaanisbergitti gaggeeffameen yaada wixinee waliigalteechaa irratti hundaa'uun, hedduumina lubbu qabeeyyii irraa itti fayyadamuun bu'aa argamu haqa qabeessaa fi haala madaalawaan qoodachuuf wabii kennuu fi jajjabeessuuf mootummoonni idil addunyaa akka mari`aatan waamicha dhiheesseera. Miseensonni Waliigaltichaas yaa`ii torbaffaa bara 1997tti adeemsiisaniin keewwata 15( Mirga Argama Qabeenyaa ) fi 8(j) (Beekuumsa Aadaa) waliigaltichaa fi Kaayyoowwan Sadan haala bu'a qabeessa ta'een raawwachiisuuf Garee Aargamaa fi Qoodiinsa Bu'a irratti hojjetu hundeessuun deebii kennanii.

Protokooliin Nagoyyaa Mirga Argama Qabeenyaa fi Qodiinsa Haqa Qabeessaa fi Madaalawaa yaa'ii 10ffaa miseensonnii Waliigaltichaa Onkololleessa 19, 2003 magaalaa Nagoyaa Jaappaanitti adeemsiisan irratti mirkanaa'eera.

Protokoolichi kaayyoo saddaffaa Waliigaltichaa caalmaatti tarkaanfachiisuuf dhiyeessitootaa fi itti fayyadamtoota qabeenya tiif seerri tilmaamamaa fi iftoomina qabu akka jiraatu bu'ura amansiisaa kaa'ee jira.Dirqama yookiin ulaagaalee too'annoo biyyooleessaa fi dirqama waliigaltee biyyoonni wal gidduttii raawwatan irratti ka'aaman waliin haala wal simuun hojii irra akka oolchan taasisuun bu'a Protokoolichi argamsiise keessaa isa ol'aanaa dha.Tumaaleen wal simsiisuu, akkasumas, tumaaleen haala tilmaamamaa mirga arganaa qabeenyaa diriirsan jiraachuun isaanii qoodiinsa bu'aa qaama qabeenyaa dhiyeessu irraa gargar bahe yammuu deemu mirkaneessuuf gumaacha taasiisa. Dabalataaniis yaadni Protokoolichaa hawwaasni biyya keessaa fi kuusaan beekumsa aadaa qabanii fi qabeenyaa irratti beekumsa aadaa argachuu wa'iin wayita

wal qabatu hawaasni kun hojiiwan kalqaa fi beekumsa isaanii bu'a akka argataniif gahee qaban ni guddisa.

Itti fayyadama qabeenya fi beekumsaa aadaa waliin kan wal qabatan jajjabeessuun fi Itti fayyadama isaanii irraa bu'aawwan argaman haqa qabeessaan fi qixaan hirachuuf carraawwan jiran cimsuun, protokooliin kun hedduumina lubbu qabeeyyii kunuunsuuf galii ni uuma, qabiyyee isaa haala si'ataa ta'een akka itti fayyadaman taasisa, akkasumas misooma itti fufiinsa qabu fi fayyaa dhala namaatiif hedduuminni lubbu qabeeyyii qooda guddaa akka qabaatu taasisa.

# PROTOKOOLII NAGOYYAA MIRGA ARGANNAA QABEENYAA FI QOODIINSA HAQAA FI MADAALAWAA BU'AALEE ITTI FAYYADAMA ISAANII IRRAA ARGAMU WALIIGALTEE HEDDUMINA LUBBU QABEEYYII IRRATTI HUNDAA'E BAHE

MiseensonniProtokoolii kanaa:

Miseensoota Waliigaltee Hedduumina Lubbu Qabeeyyii kanaan booda Waliigaltee jedhame waamamu,

Qoodiinsi haqa qabeessaa fi madaalawaan bu'aalee itti fayyadama qabeenya kaayyowwan gurgudoo sadan Waliigaltichaa keessaa isa tokko ta'u fi Protokooliin kunis kaayyoo Waliigalticha kana hojii irra oolchuuf kan yaadame ta'u isaa hubachuun,

Haala waliigalticha keessatti ibsameen biyyoonni qabeenyaa uumamaa isaanii irratti mirga ol'aanaa kan qaban ta'uu isaanii irra deebiin mirkaneessuun,

Keewwata Waliigaltichaa 15 hubannoo keessa galchuun -:

Bu'ura Keewwata Waliigaltichaa 16 fi 19tiin guddina itti fufiinsa qabuuf qooda ce'umsi teeknoolojii fi qindoominii ijaarsa qo'annoo fi dandeettii kalaqaa sona qabeenya biyyootii guddachaa jiran keessatti dabalu hubachuun,

Kunuunsa qabeenyaa heddumina lubbu qabeeyyiitii fi qabiyyee isaa itti fufiinsaan faayyadamuuf, hubannoon hawaasni faayidaa dinagdee sirnakoo fi heddumina lubbu qabeeyyii fi qoodinsa haqa qabeessaa fi wal madaalaa bu'a dinagdee kana irratti qabu onnachiiftuu cimaa ta'uu isaa hubachuun,

Mirga argamaa fi faayyidaa qoodachuun kunuunsuu fi itti fufiinsaanheddumina lubbu qabeeyyiitti fayyadamuuf, hiyyummaa balleessuuf, itti fufiinsaa naannootiif gumaacha kan qabu ta'uu isaa, akkasumas, galma misooma barkumee galmeessuuf faayidaa guddaa qabaachuu isaa hubachuun,

Walitti dhufeenya mirga argamaa qabeenya fi qoodiinsaa haqa qabeessaa fi madaalawaa bu'aalee itti fayyadama qabeeyyaa kana irraa argamu hubachuun,

Barbaachisumaa seera tilmaamamaa gama mirga argannaa qabeenya fi qoodinsa haqa qabeessaa fi wal madaalawaa itti fayyadama isaan irraa argamu hubachuun,

Haqa qabeessummaa fi wal madaalumaan waliigaltee dhiheessitootaa fi itti fayyadamtoota qabeenya gidduutti raawwataman keessatti babal'isuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun,

Akkasumas,ga'ee guddaa dubartoonni mirga argamaa fi qoodinsa bu'aa keessatti qabanii fi qophii fi raawwii himaamata kunuunsa hedduumina lubbu qabeeyyii keessatti sadarkaa hunda irratti hirmaanaa dubartootaamirkaneessuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun,

Raawwii tumaalee waliigaltichaa mirga argamaa fi qoodiinsa faayidaa irratti tumaman caalmaatti deegaruuf kutachuun,

Faayidaa qabeenya hojii irra oolchuun bu'aa argamu waliin wal qabate faayidaawwan argaman haqa qabeesssaa fi madaalawaa haala ta'een qoodachuu fi beekuumsa aadaa dhimmichi waliin wal qabatu fayyadamu irratti dhimmoota daangaa biyya tokko darbu isaanitiin dursanii hayyama argachuun hin danda'amne irratti haala jiru sirnaan adeemsisuuf fala araaraa kaa'uun barbaachisaa ta'ee argamuun isaa waan hubatameef,

Wabii nyaataa mirkaneessuuf, fayyaa uummataatiif, kunuunsa qabeenya heddumina lubbu qabeeyyiitiif, to'annoo fi dandamachuu jijjiirama qileensaatiif qabeenyi jeeneetikaatti faayidamuunbarbaachisaa ta'u isaa hubachuun,

Uumama addaa qonnaan heddumiina lubbu qabeeyyii qabu, amalaa addaa fi rakkoowwan furmata addaa barbaadan qabaachuu isaa hubachuun,

Faayidaa qabeenyinyaataa fi qonnaa akkasumas uumama addaa isaan qabanii fi barbaachisummaa isaan wabii nyaataa akka addunyaatti mirkaneessuu keessatti qabanii fi guddina qonnaa itti fufiinsa qabu mirkaneessuun hiyyummaa fi jijjiirama qilleensaa hir'isuu keessatti qooda isaan qabanii fi kanaan wal qabatees gumaacha ol'aanaa Waliigalteewwan Idil

Adunyaa fi Komishinii Dhaabbata Nyaataa fi Qonnaa Qabeenyaa Biqiltootaa Nyaataa fi Qonnaa irratti qaban irratti biyyootiin gargaarsa walii kan barbaadan ta'uu isaanii hubachuun,

Dhaabbanni fayyaa addunyaa (WHO) bara 1998tti dambiiwwan fayyaa idila addunyaa baasee yaada keessa galchuun fi dhiibbaa fayyaa uummata irra gahu ittisuu fi qophiinakka jiraatu taasisuuf argamnii qorichaa akka guddatu taasisuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun,

Hojiiwwan mirga argama fi qoodinsa bu'aa waltajii marii addunyaa biroo irratti hojetamaa jiraaniif beekamtii kennuun,

Waliigaltee biyyoon hedduu sirna argannaa fi qoodiinsa bu'a Waliigaltee Idil Addunyaa Qabeenya Biqiltuu Nyaataa fi Qonnaa haala Waliigalticha waliin wal simuun dagaaggu kan qabu ta'uu isaa hubachuun,

Dokimantoon idil addunyaa argama qabeenyaa fi qoodiinsa bu'aa irratti bahan walii deegaruun galma gahiinsa kaayyoowwan Waliigaltichaa mirkaneessuu kan qaban ta'uu isaanii hubachuun,

Beekumsi aadaa qabeenya dhaala sanyii fi qoodiinsa haqa qabeessaa fi walmadaalwaa bu'aa itti fayyadama isaanii irraa aragamuKeewwata Waliigaltichaa 8(j) waliin kan adeemuu ta'uu isaa hubachuun,

Walitti dhufeenya qabeenya dhaala sanyii fi beekumsa aadaa, amala gargar bahu dhabuu isaan hawaasa biyyichaa finaannichaa irraa qaban, faayyidaa beekumsii aadaa kunuunsa hedduumina lubbu qabeeyyii fiqabiyyee isaanitti itti fufiinsaan fayyadamuu fiitti fufiinsaan jiraachuu hawaasichaa gidduu jiru hubachuun,

Hawaasa dhalataa fi jiraataa ganda tokko fi kan biroo giddu haala beekuumsa qabeenyaa ittiin beekanii fi ittiin qaban gidduu garaagarumaan kan jiru ta'uu isaa hubachuun,

Beekumsa aadaa isaanii qabeenya dhaala sanyii waliin wal qabate jiru qaama beekuu qabu adda baaffachuuf mirga kan qabuhawaasa dhalataa fi jiraataan gandichaa akka ta'ee hubachuun,

Akkasumas, haala adda addaa biyyoonni beekumsa qabeenya dhaala sanyii waliin walqabate jiru ittiin qaban kan akka jechaa, barreeffamaa fi kan biroo badhaadhiina ambaalee qabeenyaa

heddumina lubbu qabeeyyii ittiin kunuunfamani fi itti fayyadama itti fufiinsa isaanitiif kan gumaachuu ta'uu isaa hubachuun,

Ibsa Mirga Hawaasa Dhalatoota Naannoo, Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii ibse hubachuun,

Tumaan Protokoolii kanaa gama kamiin iyyuu mirga hawaasa dhalataa naannoo fi jiraataa gandaa waliin kan wal hin faalleessine ta'uu isaa hubachiisuun,

Akka armaan gadiitti walii galanii jiru.

**Keewwata 1**

**Kaayyoo**

Kaayyoon protokoolii kanaa itti fayyadama qabeenya dhaala sanyiiirraa bu'aawwan argaman haala haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'een qoodachuu yammuu ta'u kunis qabeenya dhaala sanyiihaala mijataan aragachuu fi teeknoolojiiwwan barbaachisaa ta'an dadabarsuu, qabeenyawwan kana ilaalchisee mirgawanii fi teeknoolojiiwwan jiran yaada keessa galchuun, maallaqa gahaa ramaduun,kunuunsa hedduumina lubbu qabeeyyi fi fayyadama itti fufiinsa qabiyyee isaaniitiif gumaachuu taasisuu dha.

**Keewwata 2**

**Itti fayyadama jechootaa**

Hiikni jechootaa Keewwata Waliigaltichaa 2 Protokoolii kanaafis hojii irra kan oolu ta'a. Dabalataanis, Protokoolii kana keessatti:

(a) "Yaa'ii miseensotaa" jechuun yaa'ii miseensota Waliigaltichaati.
(b) "Waliigaltee" jechuun Waliigatee Heddumiina Lubbu Qabeeyyii jechuu dha.
(c) ''Qabeenya faayidaa irra oolchuu" jechuun qu'annoo fi misooma fi yookiin makaa baayookeemikaalaa qabeenya ta'ee, hojiirra oolmaa baayooteeknolojii akka Keewwata Waliigaltichaa 2 keessatti hiikame kan dabalatu ta'a.
(d) "Baayooteeknoolojii"jechuun akkaataa Keewwata Waliigaltichaa 2 keessatti hiikame itti fayyadama teekinoolojii kamiyyuu mala baayooloojikaalaatti faayyadamu, lubbu

qabeeyyii yookiin isaan irraakanuumame/argame ta'ee omisha omishuuf yookiin foyyessuuf yookiin adeemsa omiishaa faayidaa addaatiif kan oolu jechuu dha.

(e) "Irraa argama" jechuun makaa baayookemikaalaa uumama hedduumina lubbu qabeeyyiin mul'atu yookiinmeetaabolizimii baayoolojikaalaayookiin qabeenya kandhala qabiyyee hin qabaanees ni haammata.

**Keewwata 3**

**Daangaa Raawwatiinsaa**

Protokooliin kun daangaa raawwatiinsakeewwata Waliigaltichaa 15 keessatti ibsame fi bu'aa itti fayyadama qabeenyaawwan akkasii irraa argamu irratti raawwatiinsa ni qabaata. Dabalataaniis, beekuumsa aadaa qabeenya waliin wal qabatedaangaa Waliigaltichaa fi itti faayadamabeekumsa kana irraa argamu irratti raawatiinsa ni qabaata.

**Keewwata 4**

**Walitti dhufeenya walii galteewwan idil addunyaa fi sanadoota waliin qabaatu**

1. Tumaaleen protokoolii kanaa mirgaa fi dirqama miseensoon waliigalteewwan idil addunyaa duraan raawwataman irraa qaban biifa kamiiniyyuu miidhuu hin danda'u. Ta'us mirgaa fi dirqamni kun kan eeggamu hanga miidhaa guddaa yookiin sodaa miidhaa guddaa heddumina lubbu qabeeyyii irratti kan hin qaqabsiisne yoo ta'e qofa dha. Keewwatni kun protokoolii kanaa fi waliigalteewwan biroo idil addunyaa giddutti garaagaraummaa sadarkaa uumuuf kan yaadame miti.
2. Hanga kaayyoo protokoolii kanaa fi Waliigalticha waliin wal hin faaleesinee fi kan wal deegaran ta'etti, miseensoonni waliigaltee idil addunyaa dhimma kana waliin wal qabatu, waliigalteewwan addaa mirga argamaa fi qoodinsa faayidaa haqa qabeessaa fi madaalawaa dabalate, gabbisuu fi hojii irra oolchuu isaanii tumaan protokoolii kanaa kan dhoorkuu miti.
3. Protokooliin kun sanadoota idil addunyaa biroo dhimmi protokooliichaanhamatame irratti bahan waliin haala wal deegaruun kan hojii irra oolu ta'a. Hanga isaan kaayyoo protokoolii fi Walliigaltichaa waliin wal deegarani fi wal hin faalleessinetti, barsiifata hojii irra jiran kanfaayida qabeessaa fi dhimmicha waliin wal qabatanu yookiin barsiifata

dokumantii idil addunyaa keessatti hamataman fi dhaabbatoota idil addunyaa dhimmicha irratti hojatan birratti fudhatamummaa qabaniif xiyyeeffannoon barbaachisaa kennamu qaba.

4. Protokooliin kun sanada mirga argamaa fi qoodinsa bu'aa tumaalee Waliigaltichaa raawwachiisuuf kan bahe dha. Bakka waliigalteen addaa idil addunyaa mirga argamaa fi qoodiinsa bu'aalee ilaallatu jiruttii, hanga kaayyoo Waliigaltichaa fi protokooliichaa waliin wal simuu fi wal hin faalleessinetti, protokooliin kundhimma qabeenyaa addaa waliigaltichaan hamatame fi kaayyoo addaa waliigaltichaa ilaalchisee miseensota waliigaltee addaa akkasii raawwatan irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

**Keewwata 5**

**Qoodinsa Bu'aaHaqa Qabeessaa fi Wal Madaalawaa**

1. Akkaataa keewwata Waliigaltichaa 15 (keewwata xiqqaa 3 fi 7tiin) bu'aaleen itti fayyadama qabeenya dhaala sanyii akkasumas itti fufiinsaan hojii irra oolchuun argaman fi gabaa irra oolchuun argaman miseensa dhiyeesse jechuniis biyya madda qabeenyichaa yookiin miseensa qabeenya dhaala sanyichaa qabate waliin haala haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'een akkaataa Waliigaltichaatiin qoodamu qaba. Qoodamiinsii kun kan raawwatamu bu`uura waliigaltee isaanitiin ta'a.
2. Qabeenya dhaala sanyii hawaasa dhalataa naannichaa fi jiraataa gandaan qabame ilallchisee bu'aaleen itti fayyadama isaanii irraa argamu hawaasa kana giddutti haala haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'een akka qoodamuuf, bu'ura waliigaltee hawaasiicha waliin taasiifameen raawwachuun akka danda'amuuf miseensi kamiyyuutarkaanfii imaamataa, bulchiinsaa fi seeraa,akka barbaachisummaa isaatti, fudhachuu qaba.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 raawwachiisuuf, miseensii kamiyyuu tarkaanfii seeraa, bulchiinsaa yookiin imaamataa akka barbaachisummaa isaatti fudhachuu qaba.
4. Bu`aalee kan jedhaman bu'a maallaqa fi bu'a maallaqa hin taanne kan hamatuu yoo ta'u kan duuka deemtuu keessatti ibsaman ni hamata. Ta'uus kan duuka deemtuu keessatti ibsaman irratti qofa kan daangeeffamu miti.

5 Bu'aaleen itti fayyadama beekumsa aadaa irraa argaman haala haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'een hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa beekumsa sana qabate giddutti akka

qoodamu mirkaneessuf miseensii kamiyyuu, akka barbaachisummaa isaatti, tarkaanfii seeraa, bulchiinsaa yookiin imaammataa fudhachuu qaba. Qoodinsi kun kan raawwatamu akkaataa waliigatee isaan gidduutti raawwatamuun ta'a.

**Keewwata 6**

**Mirga Argannaa Qabeenya** dhaala sanyii

1. Mirga ol'aantummaa biyyoonni qabeenya uumamaa isaanii irratti qaban hojii irra oolchuun akka tolutti, haala dureewwaniifi seeronnibiyyooleessaa mirga argnnaa fi qoodinsa bu'aalee irratti jiran akka kabajamaniif, itti fayyadamni mirgi argama qabeenya dhaala sanyii dhiyeessaqabeenya irraajechuniis biyya madda qabeenyichaa yookiin miseensa akkaataa Waligaltichaatiin qabeenya sana qabate irraa, hanga adeemsa faallaa kanaa ta'ee irratti walii hin galamneetti, dursa hayyama argachuun ta'u qaba.
2. Bakka hawaasni dhalataa fi jiraataa gandaa qabeenya dhaala sanyii tti fayyadamu qaama biraatiif hayyama kennuu qaba jedhametti, miseensi kamiyyuu akkaataa seera biyyooleesa isaatiin, akka barbaachisummaa isaatti, tarkaanfii barbaachisaa sirna hayyama duraa argachuuf hayyamamaa ta'uu hawaasichaatiin mirkanaa'u diriirsuu qaba.
3. Bu'uura Keewwata 2 keewwata xiqqaa 1tiin,miseensi hayyama dursee gaafatu kamiyyuu tarkaanfiiseeraa, bulchiinsaa yookiin imaammataa, akka barbaachisummaa isaatti, dhimmoota armaan gaditti tarreeffaman irratti fudhachuu qaba:-
   (a) Mirga argama qabeenyaa fi qoodinsa bu'aa irratti seeraa fi sirna too'annoo biyyooleessaa tilmaamamaa, ifaa fi iftoomina qabu,
   (b) Mirga argachuu qabeenya dhaala sanyiiirratti tumaa fi adeemsaifa fi beekamaa ta'e akka uumamu taasisu,
   (c) Haala hayyamni duraa argachuuf iyyannoon itti dhiyaachuu qabu irratti odeeffannoo kennuu,Hayyama dursanii hubachuun kennamu akkamitti gaafatamuu akka qabu odeeffannoo kennuu.

(d) Murtii ifaa fi iftoomiina qabu baasii madaalawaa fi yeroo gabaabaa keessatti qaama aangoo qabu irraa haala itti argatamu danda'u,

(e) Mirgi argama qabeenya kan enname yoo ta'ee, ragaa hayyamni dursaa kennamu ibsu yookiin barreeffama murtee akkasii kan waliin wal madaaluu fi qabxiiwwan waliigaltee garee lamaan giddutti raawwataman guutamu isaanii ibsu kennuu fi qaama mirga argamaa fi qoodiinsa bu'aa irratti to'annoo adeemsisuuf beeksiisu.

(f) Bakka barbaachisaa ta'e argameetti fi seera biyyooleessaa irratti hundaa'ee, ulaagaawwanii fi yookiin adeemsa hayyamni dursaa ittiin argamu fi haala hirmaanaa hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa mirga argama qabeenyaa dhaala sanyii fi kan kana fakkaatan keessatti qaban ibsu, fi

(g) Tumaalee fi adeemsota ifaa waliin waliigaltee irra gahuuf gargaarani fi barbaachisaa ta'an. Dhimmoonni kun barreeffamaan tarreeffamuu kana qabaniif yoo xiqqaate dhimmoota armaan gadii kan hamatan ta'uu qabu:-

(i) Keewwata wal dhabdeen ittiinhiikamu,

(ii) Mirga abbaa kalaqummaa dabalatee walii galteewwan qoodinsa bu'alee,

(iii) Qaamni sadaffaaitti fufiinsaan itti fayyadamaakan jiru yoo ta'ee, haala inni ittiin fayyadamuu danda'u tumaa ibsu; fi

(iv) Kan hojii irra oolu yoo ta'e,tumaa jijjiirama yaadaa ibsu.

**Keewwata 7**

**Mirga Argama Beekumsa Aadaa Qabeenyadhaala sanyii Waliin Walqabatu**

Miseensi kamiyyuu, akkaataa seera biyyooleessa isaatiin, beekumsa aadaa qabeenyaa dhaala sanyii waliin wal qabatu kan hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaatiin beekamu bira gahun kan danda'amu hayyama dursaa fi feedha hawaasichaatiini fi hirmaanaa isaaniitiin yaadota irratti waliigalaman bu'ureeffachuun ta'uu isaa tarkaanfii mirkaneessuakka barbaachisumaa isaatti fudhachuu qaba.

**Keewwata 8**

**Xiyyeeffannoowwan Addaa**

Miseensi kamiyyuu adeemsa gabbisuu fi hojii irra oolchuu seerotaa fi sirna to'anna mirga argamaa fi qoodinsa bu'aa isaa keessatti kan taasisuu qabu:-

(a) Carraa qo'annoo kunuunsa fi fayyadama itti fufiinsaa heddumina lubbu qabeeyyiitiif gumaachu itti babaldhatuu fi jajjabeeffamu uumuu, keessumattu biyyoota guddataa jiran keessatti, kaayyoo qorannoo dhimma daldala alaa ta'ee irratti tarkaanfii salphaa mirga arganaa diriirsuu dabalate, jijjirama yaadaa qorannicha irratti dhufuu danda'u yaada keessa galchuun hojjechuu,

(b) Akka biyyaatti yookiin idil addunyaattii dhimmoota yeroo ammaa kanaa yookiin yeroo dhiyoo dhufu keessatti fayyaa namaa, bineensotaa yookiin biqiltootaatiif yaaddessoo ta'an yookiin miidhaa geessisuu danda'u jedhamanii adda bahaniif xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e kennuu. Gama kanaan miseensi barbaachisummaa adeemsa si'ataa mirga argama qabeenyaa yookiinadeemsa si'ataa qoodiinsa haqa qabeessaa fi madaalawaa bu'aalee qabeenya dhaala sanyii kana irraa argamudiriirsu yaada keessa galchuu ni danda'a. Kunis, kan isaan barbaachisuuf haala gargaarsa humni hayyame ittiin argachuu danda'an kaa'uu ni dabalataa.

(c) Nyaata, qonnaa fi wabii nyaataa mirkaaneessuu keessatti barbaachisumaa qabeenyi qabu yaada keessa galchuu.

**Keewwata 9**

**Kunuunsaa fi Itti Fayyadamina Itti Fufiinsa Qabuuf gumaacha gochuu**

Faayidaanqabeenya dhaala sanyii irraa argamu gara kunuunsa qabeenya baayooloojikaalaa fi itti fayyadama itti fufiinsa qabiyyee isaaniitti akka qajeelchaniif,miseensonniitti fayyadamtootaa fi dhiyeessitoota jajjabeessuu qabu.

**Keewwata- 10**

**Sadarka Addunyaatti Mala Bu'aa Baayyee Irraa Qoodatan**

Miseensi kamiyyuu sadarkaa addunyaatti mala yookiin hojimaata baayyeen qoodatoota bu'aa itti ta'an akka jiraatu gochuun haqa qabeessaa fi madaalawaa haala ta'een bu'aan qabeenya dhaala sanyii akkasumas bu'aa beekuumsa aadaa qabeenya dhaala sanyii waliin wal qabatuu faayyidaa

irra oolchuu waliin wal qabatee faayidaawwan argaman qoodachuun akka danda'amu gochuun irraa eegama.Toftaa yookiin hojiimaata kana hojii irra oolchuu isaanitiin faayidaa argatan kunuunsa heddumina lubbu qabeeyyiitiif akkasumas qabiyyee isaanii sadarkaa addunyaatti itti fufiinsaan itti fayyadamuu akka danda'amu deegarsa taasisuu qabu.

**Keewwata 11**

**Waldeegarsa Daangaa Irra Ce'u**

1. Gosti qabeenyadhaala sanyii walfakkaatutokko daangaa miseensa tokko ol keessatti kan argamu yoo ta'e, miseensonni kun akka barbaachisumaa isaatti waliin wal deegaranii hojjechuuf carraaquun bakka barbaachisaa ta`e argameettishawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa dhimmichi isa ilaallatu hirmaachisuun Protokoolii kana hojii irra oolchuu qabu.
2. Beekumsi aadaa qabeenyadhaala sanyii waliin walitti dhufeenya qabu walfakkaataa ta'e tokko hawaasaa dhalataa fi jiraataa gandaa daangaa miseensa tokko fi isaa ol ta'een kan qabatame jiru yoo ta'ee, miseensoonni kun akka barbaachisummaa isaatti waliin wal deegaranii hojechuuf carraaquun bakka barbaachisaa ta'etis hawaasa dhimmi isa ilaallatu hirmaachisuun kaayyoo protokoolii kanaa hojii irra oolchuu qabu.

**Keewwata 12**

**Beekumsa Aadaa Qabeenyadhaala sanyiiWaliin Walitti Dhufeenya Qabu**

1. Miseensonni dirqama protokoolichaan qaban sirritti bahuf seera biyya isaanii yeroo baasan barsiifataa,duudha, waligalteewwanii fi seera deemii fitumaa hawaasni dhalataa fi jiraataa gandaa dhimma beekuumsa aadaa qabeenyaa dhaala sanyii waliin wal qabte irratti qabu ilaalcha keessa galchuu qabu.
2. Miseensonni hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa dhimmichi isa ilaallatu sirritti hirmaachisuun, itti fayyadamtoonni beekuumsa aadaa qabeenya dhaala sanyii waliin walitti dhufeenya qabu dirqama qaban mala ittiin beeksisan diriirsuu qabu. Kuniisgamaqaama mirga argamaa fi qoodinsa bu'aa irratti too'annoo adeemsisuun beeksisuu ni dabalata.

3. Akka barbaachisummaa isaatti miseensoonni dubartoota hawaasicha keessa jiraatan dabalatee hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaatiin akka misoomuuf dhimmoota armaan gadii irratti deegarsa isaaniif kennu qabu:-
   a. Dhimma beekumsa aadaa qabeenya dhaala sanyii waliin walitti dhufeenya qabu fi qoodiinsa haqa qabeessaa fi madaalawaa bu'aalee itti fayyadama beekumsa kana irraa argaman irratti hawaasni tumaa mataa isaa akka qabatu,
   b. Itti fayyadama beekumsaa qabeenyadhaala sanyiiwaliin walitti dhufeenya qaban irraa bu'aawwan argaman haala haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'eenqoodachuufi waliigaltee waliini raawwatamu ilaalchisee ulaagaaka'umsaa,
   c. Modeela waliigalteeitti fayyadama beekumsaa qabeenyadhaala sanyiiwaliin walitti dhufeenya qaban irraa bu'aawwan argaman haala haqa qabeessaa fi madaalawaa ta'een qoodachuu irratti raawwatame.
4. Miseensonni Protokoolii kana yammuu hojii irra oolchan, hanga danda'ametti, itti fayyadamaa fi jijjjiiraa qabeenya dhaala sanyii fi beekumsa aadaa qabeenyaadhaala sanyiiwaliin walitti dhufeenya qabu barsiifataa fi tumaa isaa irratti hundaa'uun hawaasni walii walii isaa giddutti akkaataa kaayyoo Waliigaltichaatiin wal simuun raawwatu kamiin iyyuu daangeessuu hin qabanu.

**Keewwata 13**

**Buufataafi Abbaa Taa'itaa Mirga Argamaa fi Qoodiinsa Bu'alee Biyyoolessaa**

1. Miseensi kamiyyuu mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee irratti buufata biyyooleessaa hundeessuu qaba. Buufatni biyyooleessaa kun dhimmoota armaan gadii irratti odeefannoo dhaqqabummaa qabu qopheessuu qaba:-
   (a) Mirga argama qabeeyya dhaala sanyiiargachuuf kan iyyataniif, haala hayyamni dursaniihubachuu ittiin kennamu fi qoodannoo bu'aalee dabalatee qabxiiwwan ka'umsaa walii galtee waliinii keessatti hamataman ilaalchisee odeeffannoo barbaachisaa ta'e,
   (b) Mirga argama beekumsa aadaa qabeenya dhaala sanyiiwaliin walitti dhufeenya qaban argachuuf kan iyyataniif, kan danda'amu yoo ta'e, adeemsa hayyama duraa itti kennamu fi akka barbaachisummaa isaatti hawaasni dhalataa fi jiraataa gandaa

dhimmi isa ilaalu hirmaanaa taasisuun yaada isaa itti ibsu fi qoodiinsa bua`alee dabalatee qabxiiwwan waliigaltee waliinii keessatti hamataman irratti odeeffannoo barbaachisaa ta'e,

(c) OdeeffannoowwanAbbaa Taayitaa Biyyoollessaa, hawaasa dhalataa biyyaa dhimmi ilaaluu fi jiraataa gandaa fi qooda fuudhatoota dhimmi isaan ilaallatu.

Buufatni biyyoolleessaa Waajjira Barreessaa waliin walitti dhufeenya barbaachisaa ta'e uumee hojjechuuf itti gaaffatamummaa ni qabaata.

2. Miseensii kamiyyuu Abbaa Taayitaa mirga argamaa fi qoodiinsa bu'aalee irratti aangoo qabu tokko yookiin tokkoo ool ta'e hundeessuu qaba. Abbaan taayitaabiyyooleessaa kuniis, bu'uura seera, bulchiinsaa yookiin imaammata biyyooleessaa dhimmicha waliin walitti dhufeenya qabu irratti hundaa'uun, mirga argamaa kennuuyookiin, akka haala isaatti, mirga argamaa argachuuf ulaagaaleen barbaachiisan guutamu isaanii ragaa ibsuu kennuu fi adeemsaa fi ulaagaalee dursanii hayyama argachuu fi waliigaltee walinii mallatteessuf barbaachisan irratti gorsa kennuuf itti gaafatamummaa qaba.
3. Miseensi kamiyyuu qaama hojii buufataa fi abbaa taayitaa mirga argamaa fi qoodiinsa bu'aalee waliitti qabee qofaa isaa hojjetu tokko hundeessuu ni danda'a.
4. Miseensi kamiyyuu guyyaa Protokooliin kun hojii irra itti oolu dura buufataa fi abbaa taayitaa yookiin taayitaawwan mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee biyyooleessaa isaa kallatiin qunamuuf odeeffannoo dandeesisu Waajjira Barreessaa Waliigaltichaatiif beeksisuu qaba. Miseensi abbaa taayitaa tokko ol hundeesse kamiyyuu itti gaafatamummaa tokkoon tokkon abbaa taayitaawwanii isaa ilaalchisee odeeffannoo barbaachisaa ta'e Waajjira Barreessaa Waligaltichaatiif kennu qaba.Haalli akkasiikan mudatu yoo ta'e, odeeffannoon akkasii kun yoo xiqqaate abbaa taayitaa dhimma qabeenya isa ilaallatu adda baasee ibsu qaba. Miseensi kamiyyuu jijjiiramni hundeeffama buufata irratti yookiin odeeffannoo isaan ittiin qunaamu danda'amu irratti yookiin itti gaaffatamummaa abbaa taayitaa aangoo qabu irratti kan jiru yoo ta'e atattamaan Waajjira Barreessaa Waliigaltichaa beeksisuu qaba.

5. Waajjira Barreessaa Waliigaltichaa odeeffannoo bu'ura naqa 4ffaa jalatti ibsameetin yoo isa qaqqabe gama Mana Maree Mirga Argamaa fi Qoodinsa Bu'aalee Qulquleessuutiin dhaqqabamaa akka ta'an gochuu qaba.

**Keewwata 14**

**Mana Maree QulqulleessaaMirga Argamaa fi Qoodinsa Bu'aalee fi Odeeffannoo Wal Jijjiruu**

1. Manni Maree QulqulleessaaMirga Argamaa fi Qoodinsa Bu'aalee akka qaama hojiimaata mala mana maree qulqulleessaa Keewwata Waliigaltichaa 18 keewwata xiqqaa 3tiin hundeeffamee jira. Manni marrichaas akka giddu gala odeeffannoo dhimma mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee ta'e kan tajaajjilu yoo ta'u, keessumattuu haala miseensonni Protokoolii kana hojii irra oolchan irratti odeeffannoo barbaachisaa ta'e kan kennu ta'a.
2. Qajeelfamni odeeffannoowwan iccitummaa qaban dhoksuu danda'uu akkuma eegametti ta'ee, miseensii kamiyyuu odeeffannoo Protokoolii kanaan gaafatamee akkasumas, odeeffannoowwan murtii yaa'ii miseensotaa akka walgahii miseensoota protokoolichaatti gargaaruutiin gaafatame MannaMaree Qulqulleessaa Mirga Argamaa fi Qoodinsa Bu'aaleetiif kennuu qaba. Odeeffannoon kunis kan inni hamachuu qabu:-
   (a) Mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee ilaalchisee tarkaanfii seeraa, bulchiinsaa fi imaamataa jiru,
   (b) Odeeffannoo buufataa fi abbaa taayitaa yookiin taayitaawwanii biyyoolessaa irratti; fi
   (c) Ragaa dursa hayyamni kennamuu isaa fi marii waliiniitiin waliigaltee tokko irra gahamu isaa ibsu.
3. Odeeffannoowwan dabalataa armaan gaditti ibsaman kan argamanii fi, barbaachisaa ta'e yoo argame, kanneen armaan gadii dabalachuu ni danda'a.
   (a) Dhalataa biyyaa ,hawaasa naannoo,qaamota abbaa taayitaa dhimmi ilaaluu fi odeeffannoowwan wal qabatan biroo;
   (b) Modeela( fakkeenya ) waliigaltee keewwatoota raawwatamanii,
   (c) Tooftaalee fi meeshaalee dagaagan qabeenya hordofuuf gargaaran fi
   (d) Qajeelfama naamuusaa fi muuxannoowwan gaggaarii jiran.

4. Tooftaan hojii Mana Maree Qulqulleessa Mirga Argamaa fi Qoodinsa Bu'aalee, haala gabaasa hojii isaa dabalatee, yaa`ii tokkoffaa yaa'ii miseensotaa akka walgahii miseensoota protokoolichaatti gargaaru irratti kan ilaalamu fi murtaa'u ta'a.

**Keewwata 15**

**Kabajamuu Seeraa fi Ulaagaalee To'annoo Biyyooleessaa Argama Qabeenya fi Qodiinsa Bu'alee**

1. Miseensi kamiyyuu qabeenyaan dhaala sanyii bulchiinsa isaa keessatti hojii irra jiru dursanii hayyamsiisuun mirgi argamaa kan irratti argatamuta'uu isaa fi dhimmoonni waliigaltee walinii keessatti hamataman seera yookiin ulaagaalee too'annoo mirga argamaa fi qoodiinsa bu'alee biyyooleessaa miseensa biroo tilmaama keessa galchuun kan qopha'an ta'uu isaa mirkaneessuuf tarkaanfii barbaachisaa, bu'a qabeessaa fi madaalawaa seeraa, bulchiinsaa yookiin imaamataa fudhachuu qaba.
2. Miseensi kamiyyuu kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ka'ame kan hin kabajamne yoo ta'ee, tarkaanfii barbaachisaa, bu'a qabeessaa fi madaalawaa ta'e fudhachuu qaba.
3. Tumaaleen biyyooleessaa mirga argamaa fi qodiinsa bu'alee keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumaman hin kabajamne odeeffannoon jedhu yammuu isaan qaqabu, miseensoon hanga danda'ame fi akka barbaachisummaa isaatti waliin wal deegaranii dhimmicha irratti hojechuu qabu.

**Keewwata 16**

**Kabajuu Seeraa yookiin Ulaagaalee Too'annoo Biyyooleessaa Mirga Argamaa fi Qoodiinsa Bu'aalee fi Beekumsa Aadaa Qabenyadhaala sanyii Waliin Walqabatu**

1. Miseensi kamiyyuu beekumsii aadaa qabeenya dhaala sanyiiwaliin wal qabate kan bulchiinsa isaa keessatti hojii irra jiru dursanii hayyamsiisuunii fi tola hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa dhimmichi isa ilaallatu irratti hundaa'uun mirgi argamaa kan irratti argatamu ta'uu isaa fi dhimmonni waliigaltee walinii keessatti hamataman seera yookiin ulaagaalee too'annoo mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee biyyooleessaa miseensa biroo hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa dhimmi isa ilaallatu tilmaama keessa galchuun kan

qopha'an ta'uu isaa mirkaneessuuf tarkaanfii barbaachisaa, bu'a qabeessaa fi madaalawaa seeraa, bulchiinsaa yookiin imaammataa fudhachuu qaba.

2. Miseensi kamiyyuu kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kaa'ame kan hin kabajamne yoo ta'e, tarkaanfii barbaachisaa, bu'a qabeessaa fi madaalawaa ta'e fudhachuu qaba.
3. Tumaaleen biyyooleessaa mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumaman hin kabajamne odeeffannoon jedhu yammuu isaan qaqqabu, miseensonni hanga danda'amee fi akka barbaachisummaa isaatti waliin wal deeggaranii dhimmicha irratti hojjechuu qabu.

**Keewwata 17**

**Too'annoo Itti Fayyadama Qabeenya Dhaala Sanyii**

1. Ittiin bulmaata Waliigaltichaa deeggaruuf jecha, miseensi kamiyyuu akka barbaachisummaa isaatti itti fayyadama qabeenya dhaala sanyiiirratti tarkaanfii too'annoo fi iftoomina jajjabeessu fudhachuu qaba. Tarkaanfiin akkasii kun kan hamachuu qabu:-

(a) Akka armaan gadiitti bufata too'annoo tokko yookiin tokkoo ol hundeessuu:-

i) Buufannii too'annoo hundeeffame akka barbaachisummaa isaatti dhimmoota dursanii hayyamsiisuu, madda qabeenya dhaala sanyii, qabiyyee waliigaltee walinii fi/yookiin barbaachisaa ta'ee yoo argame, itti fayyadama qabeenyaa waliin wal qabatan irratti odeeffannoo sassaabu qaba.

ii) Miseensii kamiyyuu akka barbaachisummaa fi amala addaa buufata to'annoo hundeeffame irratti hundaa'uun, itti fayyadamtoonnii qabeenyaadhaala sanyiiodeeffannoo olitti ibsaman buufata too'annoo hundeeffameef akka kennan taasisu qaba. Miseensi kamiyyuu itti fayyadamtoota odeeffannoo jedhame kennuuf hayyamamaa hin taanne irratti tarkaanfii barbaachisaa, bu'a qabeessaa fi madaalawaa ta'e fudhachuu qaba.

iii) Qindoomina idil addunyaa beekkamtii qabu yoo jiraatan dabalatee fi iccitii odeeffannichaa eeguun osoo hin barbaachisin fi hin falleessin abbaa taa'itaa biyyaalessaatiif ni kennama, eeyyama duraa qaama kennuuf ni ibsama, akkaataa barbaachisummaa isaatti walii galtee manni irra gaheef hojjechuu ni danda'a.

iv) Qaphxiileen madaallii keewwata xiqqaa (a) armaan olii hojjii irraa oolchuuf bu'aa qabeessaa fi faayidaa kan kennan ta'uu qabu. Itti fayyadama qabeenyadhaala sanyiitiif, sadarkaa kamittuu qorannoo geggeeffamuuf, misooma taasifamuuf, uumuu fi oomisha gabaaf dhiheessuu keessatti adeemsa jiru ilaalchisee odeeffannoowwan jiran walitti qabuuf gargaaruu qabu.

(b) Fayyadamtoonni fi dhiheesitoonni qabeenyadhaala sanyiiqabiyyee walii galtee qaama hundaa bu'a qabeessa taasisuun akka hojjettanii fi walii galteewwan kunneen wayita hojjii irra oolchanitti odeeffannoowwan barbaachisaa ta'an wali jijjiiruun akka ta'u jajjabeessuu dha.

c) Malawwanfi meeshaalee qunnamtii baasii xiqqaa gaafatan akka itti fayyadaman jajjabeessuu dha.

2. Keewwata 6 keewwata xiqqaa 3(e) haala wal simeen fi walii galtee manni qabeenya argachuu fi hirtaa bu'aa irratti gaheen eyyema erga kenneen booda sadarkaa idila addunyaatti qindoomina fudhatama argate itti fufuu ni danda'a.
3. Qindoominni sadarkaa idila addunyaatti fudhatamummaa aragte tokko qabeenyi dhaala sanyii dursee eeyyemni kennamee fi walii galtee qaama hunda bu'a qabeessa taasisu baheen itti fayyadamaa jiraachuu isaa,mirkaneessuuf ni gargaara.

Kunis immoo seeraa fi qajeelfama biyya keessaa jiran barbaachisoo waliin kan wal simu ta'ee dursee eeyyemni kennamuu akka qabu ibsa,

4. Qindoominni sdarkaa idila addunyaatti beekkamtii argate tokko dhimmichi iccitii yoo hin taane yoo xinnaate oddeeffannoowwan armaan gadii haammata.

(a) Abbaa taa'itaa kennu
(b) Guyyaa itti kenname
(c) Abbaa kenne
(d) Amala addaa waraqaa ragichaa
(e) Nama ykn muudamaan eeyyamni duraa kennameef
(f) Waa'ee dhimmichaa ykn qabeenyadhaala sanyiiwaraqaa ragaatiin ibsamee
(g) Walii galteen qaama hunda bu'a qabeessa taasisu uumamuu isaa kan mirkaneessu

(h) Duraan dursee eeyyamni argamuu/kennamuu isaa waan mirkaneessu

(i) Faayidaa gabaafis ta'ee gabaa hin taaneef qabu

**Keewwata 18**

**Kabajamu Waliigaltee Walinii**

1. Waliigalticha keewwata 6 keewwata xiqqaa 3(g)(i) fi keewwata 7 hojjii irraa oolchuu irratti, miseensi kamiyyuu waliigalteen waliinii dhiyeesitootaa fi itti fayyadamtoota qabeenyaadhaala sanyifi/yookiin beekumsa aadaa qabeenyaadhaala sanyiiwaliin wal qabatu, barbaachisaa ta'e yoo argame, tooftaa waldhabdeen ittiin hiikamu, kaneen armaan gadii dabalatee, akka isaan galchan jajjabeessuu qaba.
   (a) Bakka dhimmichi itti ilaalamuu qabu fi adeemsa waldhabdeen ittiin hiikamu.
   (b) Seera biyya dhimmichi ittiin ilaalamu fi/yookiin
   (c) Carraawwan mana murtiitiin ala wal dhabdeen ittiin hiikamuu danda'u kan akka jaarsummaa fi
2. Miseensi kamiyyuu waldhabdee waliigaltee walinii irratti uumamaniif carraan furmaatni seeraa itti argamu danda'u sirna seera biyya isaa keessa, haala aangoo dhimmoota ilaalu manneen murtii hojii irra jiru waliin wal simeen, jiraachuu isaa mirkaneessuu qaba.
3. Miseensi kamiyyuu dhimmoota armaan gadii kana ilaalchisee tarkaanffii bu'a qabeessa ta'e, akka barbaachisummaa isaatti fudhachuu qaba.

(a) Dhaqqabiinsa haqaa; fi

(b) Itti fayyadama tooftaalee murtii biyya birootiif beekamtiin itti kennamu fi murtii seeraa fi jaarsummaa biyya alaa biyya isaanii keessatti raawwatamu.

4. Bu'a qabeessummaan keewwata kanaa yaa'ii miseensoota akka walgahii miseensoota protokoolii kanaatti gargaaruun bu'ura keewwata protokoolichaa 31tiin irra deebia'amee ilaalamu qaba.

**Keewwata 19**

**Modeela Waliigaltee**

1. Miseensii kamiyyuu akka barbaachisummaa isaatti, walii galteewwan qaama hunda faayidaa qabeessa taasisan irratti hundaa'uun itti fayyadamaa, haaraa qopheessuu fi fooya'iinsa keewwatawwan walii galtee seera qabeessa ta'anii kutaa tokkoofis ta'ee kutaa biraatiif gargaaruu kan danad'an qaamoleen hirtaa jajjabeessuu qabu.
2. Yaa'iin miseensootaa akka walgahiimiseensota protokoolichaatti gargaaruu qaamolee hirtaa pirotokoolii kana irratti marii taasisaniin yeroo yeroodhaan galmee walii galtee seera qabeessaa kutaa tokkoo fi kan biroo ni sassaabbatu.

**Keewwata 20**

**Koodii Naamusaa, Gaayidlaayinii fi Muuxannoowwan Gaggaarii fi/yookiin Staandaardiiwwan**

1. Miseensi kamiyyuu dagaagina, fooyya'iinsa fi itti fayyadama koodii naamusaa fedhii irratti hundaa'e, gaayidlaayinii fi muxxannnoo gaggaarii fi/yookiin staandaardiwwan mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee jajjabeessuu qaba.

2. Yaa'iin Miseensota Protokoolii kanaa koodii naamusaa fedhii irratti hundaa'e, gaayidlaayinii fi muuxannoowwan gaggaarii fi/yookiinstaandaardii adda addaa yeroo yeroon walitti sasaabee qabuun koodii naamusaa, gaayidlaayinii fi muuxxannoo gaggaarii fi/ yookiin staandaardiin of danda'e tokko haala itti qophaa'u irratti hojechuu qaba.

**Keewwata 21**

**Hubannoo Gabbissuu**

Miseensi kamiyyuu faayidaa qabeenyadhaala sanyiifi beekumsa aadaa qabeenyadhaala sanyii waliin walqabatuu,fi dhimmoota mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee waliin wal qabatan irratti tarkaanfii hubannoo gabbissuu fudhachuu qaba. Tarkaanfiin akkasii kun kan akkaarmaan gadii dabalachuu ni danda'a:-

(a) Kaayyoo isaa dabalatee Pirotokoolii kana beeksisuu;

(b) Waltajjii marii hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa fi dhimmamtootaa qindeessuu;

(c) Deeskii hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa fi dhimmamtootaaf deegarsa kennu hundeessuu fi jabeessuu;

(d) Gama Mana Maree Qulqulleessaatiin odeeffannoo tamsaasuu;

(e) Hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa waliin maryachuun koodii naamusaa fedhii irratti hundaa'e, gaayidlaayinii fi muxxannoo gaggaarii fi/yookiin staandaardiiwwan beeksisuu;

(f) Muuxannoowwan gaggaarii biyya keessaa, sadarkaa naannoo fi idil addunyaa akka barbaachisummaa isaatti beeksisuu;

(g) Itti fayyadamtootaa fi dhiyeesitoota qabeenyaadhaala sanyiifi beekumsa aadaa qabeenyadhaala sanyiiwaliin wal qabatuuf mirga argamaa fi qoodinsa bu'aalee ilaalchisee dirqama qaban irratti barnootaa fi leenjii isaaniif kennuu;

(h) Protokoolii kana hojii irra oolchuu keessatti hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa fi dhimmamtoota hirmaachisuu; fi

(i) Tumaalee fi barsiifata hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa irratti hubannoo gabbissuu.

**Keewwata 22**

**Ijaarsa Dandeettii**

1. Miseensoonnibiyyoota guddachaa jiranuu kessumattu biyyoota boodatti hafanii fi bakkeewwan xixxiqqoo bishaaniin marsaman isaan keessatti argaman, fi biyyoota cee'umsa diinagdee irra jiranii miseensa ta'an keessatti protokooliin kun sirritti akka raawwatamuuf, caasaalee fi dhaabilee idil addunyaa, naannoo, kutaa xiqqaa naannoo fi biyyooleessa jiranuutti fayyadamuun dabalatee, hojiiijaarsa dandeettii, dandeettii gabbisuu fi humna namaa fi dhaabbilee isaanii cimsu irratti tumsa gochuu qaba.
2. Protokoolii kana raawwachisuuf jecha bu'uura tumaalee waliigaltichaa dhimmicha ilaallataniin, fedhii qabeenya faayinaansii miseensota biyyoota guddachaa jiranii, keessumattu kan biyyoota boodatti hafoo fi bakkeewwan xixxiqqaa bishaaniin marsamoo

isaan keessatti argamanii, fi biyyoota cee'umsa diinagde irra jiranu dhimma ijaarsa dandeettii isaanii irratti guutummaan ilaalcha keessa kan galu ta'a.

3. Protokoolii kana raawwachiisuuf akka tarkaanfii bu'uraa barbaachisaa tokkoottii biyyoottan gudachaa jiranu, keessumattu biyyoota boodatti hafoo fi bakkeewwan xixxiqaa bishaaniin marsamoo isaan keessatti argamanii, fi biyyoota cee'umsa diinagde irra jiranu kan miseensa ta'an kamiyyuu fedha ijaarsa dandeettii isaanii fi duraa duba fedha isaanii gama qaama biyyooleessaa dhimmi ilaallatun adda baaffachuu qabu.
4. Raawwii protokoolii kana deegaruuf jecha, ijaarsa dandeettii fi misooma dhimmoota ijoo kan akka armaan gadii dabalachuu ni danda'a:-
   a. Dandeetii protokoolii kana raawwii irra oolchuu fi dirqamoota isaatiif bitamu;
   b. Dandeetii waliigaltee walinii raawwachuu
   c. Dandeetii tarkaanfiiwwan seeraa, bulchiinsaa fi imaammata biyyooleessaa mirga argamaa fi qoodiinsa bu'alee hojii irra oolchu fi raawwachiisuu;
   d. Dandeetii biyyoonni qo'annoo biyyooleessaa gabbisuun qabeenyaadhaala sanyiiisaaniitti sona dabaluuf qaban.
5. Tarkaanfiiwwan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 4 jalatti oliitti ibsaman kan akka armaan gadii dabalachuu ni danda'a:-
   a) Seeraa fi dhaabbilee gabbisuu
   b) Haala waliigaltee walinii itti raawwatamu irratti leenjii kennuu dabalatee madaalawummaa fi haqa qabeessummaa waliigaltee keessatti jajjabeessuu;
   c) Hojii too'annoo fi waliigaltichaan bitamu raawwachuu;
   d) Hojiiwwan mirga argamaa fi qoodiinsa bu'aalee raawwachuuf meeshaawwan qunnaamtii ammayyaa fi interneetitti fayyadamu;
   e) Mala madaallii gabbisuu fi itti fayyadamu;
   f) Qorannoowwanbiqiltootaa fi bineensoota (qorannoo taaksonomii) waliin wal qabatan adeemsisuu;
   g) Cee'umsa teeknoolojiifi cee'umsi teeknoolojii kun itti fufiinsa akka qabaatu ijaarsa dandeetii bu'uura misoomaa fi teekniikaa raawwachuu;
   h) Hojiiwwan mirgi argamaa fi qodiinsi bu'aalee kunuunsa hedduumina lubbu qabeeyyii fi qabiyyee isaaniitti itti fufiinsaanfayyadamuuf akka gumaachan jajjabeessuu;

i) Dandeetii dhimmamtoonni mirga argamaa fi qodiinsa bu'alee irratti qaban guddisuuf tarkaanfii addaa fudhachuu; fi

j) Dandeetii hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa, dubartoota isaan keessatti argamaniif xiyyeeffannoo kennuun, mirga argamaa fi/yookiin beekuumsa aadaa qabeenyaadhaala sanyiiwaliin walqabatu irratti qaban cimsuuf tarkaanfii addaa fudhachuu.

6. Odeeffannoon ijaarsa dandeetii fi sagantaalee misoomaa sadarkaa biyyooleessaa, naannoo fi idil addunyaa, bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 5 oliitiin, Mana Maree Mirga Argama fi Qoodiinsa Bu'aalee Qulqulleessuuf kennamuun hojiin ijaarsa dandeetii mirga argamaa fi qoodiinsa bu'aalee ciminaa fi qindoominaan raawwatamu qaba.

**Keewwata 23**

**Ce'umsa Teeknoolojii, Qindoominaa fi Waldeegaruu**

Bu'uura Waliigaltichaa keewwata 15,16,18 fi 19tiin, miseensonni akka tooftaa kaayyoon protokoolii kanaa galmaan ittiin gahamu tokkotti, qorannoo saayinsawaa , teeknikaa fi sagantaalee misoomaa, hojiiwwan qorannoo baayooteknolojii dabalate irratti qindoominaa fi waldeegaruun hojjechuu qabu.Miseensonni dhaqabummaa fi ce'umsa teeknoolojii gara biyyoota guddachaa jiranii, keessumattuu biyyoota boodatti hafanii fi bakkeewwan xixxiqqoo bishaaniin marsaman isaan keessatti argaman, fi biyyoota cee'umsa diinagdee irra jiranii jajjabeessuun raawwii protokoolii kanaatiif bu'ura teeknoolojii fi saayiinsawaa haala amansiisaan akka dagaaggu tumsu qabu. Kan danda'amu yoo ta'e fi barbaachisaa ta'ee yoo argame, hojiin qindominaa kun dhiyeessa qabeenya dhaala sanyii jechuuniis biyya yookiin biyyoota madda qabeenyichaa yookiin biyya yookiin biyyoota qabeenyadhaala sanyiibu'ura Waliigaltichaatiin argatan keessatti fi waliin hojetamu qaba.

**Keewwata 24**

**Biyyoota Miseensa Hin Ta'iin**

Biyyoonni miseensa protokoolii kanaa ta`an biyyoota miseensa protokolii kanaa hin ta'iin protokoolii kana akka kabajanii fi odeeffannoo sirrii Mana Maree Mirga Argamaa fi Qoodinsa Bu'aalee Qulqulleessuuf erganii jajjabeessuu qabu.

**Keewwata 25**

**Faayinaansii fi Qabeenya**

1. Qabeenya faayinaansii raawwii pirotokoolii kanaatiif barbaachisu ilaalchisee, miseensonni Waliigalticha keewwata 20 ilaalcha keessa galchuu qabu.
2. Malli madda faayinaansii Waliigaltichaa mala madda faayinaansii pirotokoolii kanaata'ee ni tajaajila.
3. Ijaarsa dandeettii fi misoomaa protokoolii kana keewwata 22 irratti tumame ilaalchisee, Yaa'iin Miseensotaa miseensota protokoolii kanaa mala mada faayinaansii keewwata kana keewwata xiqqaa 2 olii irratti qajeelfama yammuu kennu, fedha qabeenya faayinaansii miseensota biyyoota guddachaa jiranii, keessumattu kan biyyoota boodatti hafoo fi bakkeewwan xixxiqqaa bishaaniin marsamoo isaan keessatti argamanii fi biyyoota ce'umsa diinagdee irra jiranii akkasumas, fedha ijaarsa dandeettii fi duraaduuba fedha ijaarsa dandeettii hawaasa dhalataa fi jiraataa gandaa, dubartoota hawaasicha keessa jiraatanilaalcha keessa ni galchaa.
4. Yaad keewwata kana keewwa xiqqaa 1 keessatti, miseenson dabalataan fedha biyyoota guddachaa jiranu, keessumatuu kan biyyoota boodatti hafoo fi bakkeewwan xixxiqaa bishaaniin marsamoo isaan keessatti argamanii, fi biyyoota ce'umsa diinagdee irra jiraniiprotokoolii kana raawwachiisuuf jecha carraaqii isaan sagantaa ijaarsa dandeettii fi misoomaa adda baaffachuu fi raawwachiisuu irratti taasisan yaada keessa galchuu qabu.
5. Dhimmoonni jijjiiramuu qaban qofti jijjiramuun, qajeelfamni mala madda maallaqa Waliigaltichaa murteewwan Yaa'ii Miseensotaa dhimmichi waliin walqabatan irratti kennaman, kanneen mirkanaa'u protokoolii kanandura irratti waliigalame dabalatee, tumaalee keewwata kanaatiif hojii irra kan oolu ta'a.
6. Miseensonni biyyoota guddatanii raawwii tumaalee protokoolii kanaatiif jecha gama caasaa isaan giddutti, naannoo fi qaamoota heddu giddutti uumameen akka isaan ittiin fayyadamaniif miseensoota biyyoota guddachaa jiran kessumattu biyyoota boodatti hafoo

fi bakkeewwan xixxiqaa bishaaniin marsamoo isaan keessatti argamanii fi biyyoota ce'umsa diinagdee irra jiraniitiif gargaarsa maallaqaa fi qabeenya biroo taasisuu ni danda'u.

**Keewwata 26**

**Yaa'ii Miseensotaa akka Walgahii Miseensoota Protokoolii kanaatti Gargaaruu**

1. Yaa'iin miseensota waliigaltichaa akka walgahii miseensoota protokoolii kanaatti ni gargaara.
2. Miseensonni Waliigaltichaa kan protokolii kanaaf miseensa hin ta'iin akka taajabdootaatti yaa'ii miseensotaa akka marii miseensota protokoolii kanaatti gargaaru irratti hirmaachuu ni danda'u. Yaa'ii miseensotaa akka walgahii miseensoota protokoolii kanaatti gargaaru irratti murtiin dhimma protokoolichaa irratti kan murtaa'u sagalee miseensota protokoolichaatiin qofa ta'a.
3. Yeroo yaa'iin miseensotaa akka walgahii miseensota protokoolichaatti gargaaru adeemsisamu, miseensi Biiroo Yaa'iii miseensootaa miseensoota Waliigaltichaa bakka bu'e, yeroo sanatti miseensa protokoolii kanaa yoo hin taanne, miseensa biraa biyyoota miseensa protokoolichaa ta'aniin isaan keessaa filatame bakka buusamuu qaba.
4. Yaa'iin miseensotaa akka walgahii miseensota protokolichaatti gargaaru haala raawwii protokoolii kanaa yeroo yeroon ni qorata, aangoo isaaf kenname keessatti murtii raawwii protokolichaa cimsu ni dabarsa. Hojiiwwan protokoolii kanaan isaaf kennaman ni raawwata. Akkasumas:-

a) Yaada raawwii protokolii kanaatiif barbaachisaa ta'e kamiiyyuu ni kenna;

b) Qaamoleeraawwii protokoolii kanaatiif barbaachisoodha jedhee itti amane hundeessu ni danda'a.

c) Barbaachisaa ta'e yeroo argamu, dhabbileen idila addunyaa,dhaabbilee walta'iinsa mootumootaa fi dhabbilee mit mootummaa gahumsa qaban waliin qindominaan hojechuniis ta'e deeggarsa tajaajila isaaniitiin odeeffannoo ni fudhata, hojii irra ni oolcha.

d) Haala akkamitiinii fi garaagarumaa yeroo hamammiitiin odeeffannoon bu'uura protokolicha keewwata 29tiin itti dabarsamu qabu ni murteessaa; odeeffannoo kana akkasumas, gabaasa qaamolee inni hundeesse irraa eergamaniif ni ilaala.

e) Yaadawwan fooyya'iinsaa protokoolii kanaa fi duuka deemtuu isaa akkasumas duuka deemtu dabalataa raawwii protokoolii kanaatiif barbaachisaa ta'e ni qopheessa, isa dhiyaate ni ilaala;

f) Hojiiwwan walfakkaatoo biroo raawwii protokoolii kanaatiif barbaachisaa ta'an ni raawwata.

5. Hanga yaa'ii miseensotaa akka walgahii miseensota protokoolii kanaatiif gargaaru irratti adeemsi faallaa sagalee mormii tokkollee hin qabneen hin murtoofneetti, dhimmoonni jijjiiramu qaban qoftti jijjiiramuun, sirni adeemsa marii yaa'ii miseensotaa fi tumaaleen faayinaansii Waliigaltichaa protokoolii kanafiis kan tajaajjilu ta'a.

6. Waajjira Barreessaa walgahiin isa jalqabaa yaa'ii miseensootaa akka walgahii miseensota protokoolii kanaatti gargaaru ni waama. Walgahiin kuiis akkaataa sagantaa qabamee jiruun eerga protokooliin kun hojii irra oolee booda yaa'ii miseensootaa isa jalqabaa ta'e waliin ni adeemsifama. Murtiin faallaa kanaa ta'e biroon yoo murtaa'e malee, walgahii isa jalqabaatiin booda walgahiin yaa'ii miseensotaa akka walgahii miseensota protokolichaatti gargaaru dhaabbataan kan adeemsifamu yaa'ii miseensotaa waliin bu'uura sagantaa idilee yaa'ii miseensotaatiin ta'u qaba.

7. Wal gahiin addaa yaa'ii miseensotaa akka walgahii miseensota protokoolii kanaatti gargaaru kan adeemsifamu yeroo biraa yaa'iin miseensoota akka walgahii miseensoota protokoolichaattigargaaru itti amaneetti yookiin gaaffii miseensa kamiit iyyuu, gaaffiin miseensa kanaa ji'oota jaha keessatti gama Waajjira Barreessaatiin miseensoota kan gahe yoo ta'e fi miseensonis sagalee harka sadii keessaa tokkon yaadicha kan deegaran yoo ta'e ta'a.

8. Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii, dhaabbattoonni isa jalatti hundeeffaman adda addaa fi Eejensiin aniisa Atoomawaa Idila Addunyaa akkasumas miseensi yookiin taajjabaan isaanii kan miseensa Waliigaltichaa hin ta'in, marii yaa'ii miseensootaa akka walgahii miseensota protokoolichaatti gargaaru irratti akka taajabaatti afeeramu ni danda'u. Qaamni yookiin eejensiin kamiyyuu, biyyooleesa yookiin idil addunyaa, mootumawaa yookiin mit-mootumawaa ta'e, dhimmoota protokolii kanaan ammataman irratti kan hojjetu fi yaa'ii miseensootaa akka marii miseensoota protokolichaatti gargaaru irratti akka taajabaatti hirmaachuuf durse Waajjira Barreessaa beeksise, hanga

miseensoon yoo xiqqaate sagalee harka sadii keessaa harka tokkon hin mormineetti, walgahii irratti akka hirmaatuu hayyamni kennamufii ni danda'a. keewwata kana keessatti haala biraatiin kan ka'ame yoo ta'e malee, haali waamichaa fi hirmaannaan taajabdotaabu'uura sirna adeemsaa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 irratti oliitti ibsameen ta'a.

**Keewwata 27**

**Caasaalee Gadi-aanaa**

1. Caasaan gadi aanaa Waliigaltichaan hundeeffame kamiyyuu, murtii yaa'ii miseensootaa akka walgahii miseensoota protokolii kanaatti gargaaruu dabalatee, raawwii protokolii kanaa deegaruu qaba. Murtiin akasii kun hojii hojjetamuu qabu addaan baasee kaa'u qaba.
2. Miseensoon Waliigaltichaa kan miseensota protokoolii kanaa hin ta'in akka taajabdootaatti walgahii caasaalee gadi-aanaa kanaa irratti hirmaachuu ni danda'u. Caasaan gadi-aanaa Waliigaltichaa akka caasaa gadi-aanaa protokoolii kanaatti yammuu tajaajilu, murteen protokoolii kana jalatti kennamuu miseensoota protokolichaatiin qofa ta'uu qaba.
3. Caasaan gadi-aanaa Waliigaltichaa hojii dhimmoota protokooli kana ilaallatan yammuu raawwatu, miseensi biroo caasaa gadi-aanaa miseensota waliigaltichaa bakka bu'e, battala sanatti garuu miseensa protokoolii kanaa kan hin taane, miseensota protokoolii kanaatiin isaan keessaa filatamuun bakka buusamuu qaba.

**Keewwata 28**

**Waajjira Barreessaa**

1. Waajjirri Barreessaa bu'ura keewwata Waliigaltichaa 24tiin hundaa'e pirotokoolii kanaafis Waajjira Barreessaa ta'ee ni tajaajila.
2. Dhimmoota jijjiiramuu qaban qofti jijjiiramuun, gahee hojjii Waajjira Barreessaa ilaalchisee keewwatni Waliigaltichaa 24 keewwata xiqqaa 1 protokoolii kanaafiis hojii irra kan oolu ta'a.
3. Hanga tajaajilli inni kennu addaadummaa qabaatetti, baasiin tajaajila Waajjira Bareessaa protokoolii kanaa miseensota protokolichaatiin uwisamuu qaba.Yaa'iin

miseensota akka walgahii miseensota protokoolii kanaatti gargaaru walgahii isaa isa jalqabaa irratti hanga baajata tajaajila Waajjira Barreessaa protokoolichaatiif barbaachisuu murteessuu qaba.

**Keewwata 29**

**Hordoffii go*chuu* fi Gabaasa dhiyeessuu**

Miseensi kamiyyuu dirqamoota protokolichaan kaa'aman hojii irra ooluu isaanii too'achuu qaba, akkasumas yeroo fi haala yaa'ii miseensota akka walgahii miseensota protokoolichaatti gargaaruun murtaa'een raawwii protokoolii kanaatiif tarkaanfiiwwan fudhate ilaalchisee yaa'ii miseensota akka walgahii miseensota protokoolichaatti gargaaruuf gabaasuu qaba.

**Keewwata 30**

**Tooftaalee fi hojimaata hojii irra oolmaa protokoolii kanaa cimsuuf gargaaran**

Yaa'iin miseensotaa akka walgahii miseensota protokoolichaatti gargaarmuu, marii isaa isa jalqabaa irratti, adeemsaa qindominaa fi mala caasaa dhaabbilee protokoolichi hojji irra itti ooluu fi dhimmoota protokolichaan buluu didu waliin walqabatan ittiin ilaalamuu qaban ilaalee ni mirkaneessa.Adeemsaalee fi malawwan kun, barbaachisaa ta'ee yoo argame, gorsaa fi deegarsa kennuu ni dabalatu. Adeemsaalee fi malawwan kun gama kamiiniyyuu tooftaa waldhabdeen ittiin hiikamu keewwata Waliigalticha 27 irraa garaagarumaa kan qabanii fi kan ittiin wal hin faalleessine ta'u qabu.

**Keewwata 31**

**Madaalii fi Keessa Deebii**

Yaa'iin miseensootaa akka walgahii miseensota protokoolichaatti gargaaru, erga protokoolichi hojii irra oolee waggaa afur boodaa fi garaagarummaa yeroo yaa'ii miseensootaa akka walgahii

miseensoota protokolichaatti gargaaruun murtaa'e keessatti, bu'a qabeessumaa protokolii kanaa madaaluu qaba.

**Keewwata 32**

**Mallattoo**

Pirotokooliin kun Waajjira Muummee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Nieew Yoorki keessaatti Amajjii25, 2003 hanga Amajjii24, 2004tti miseensoota Waliigaltichaatiif mallattoof banaa ta'uu qabu .

**Keewwata 33**

**Guyyaa hojjii irra itti oolu**

1. Pirotokooliin kun hojii irra kan oolu guyyaa sagaltamaffaa bareeffamni protokoolichaa shantamaffaan biyya yookiin dhaabbata walta'iinsa diinagdee naannootiin ragga'e, fudhatame, mirkanaa'e yookiinmiseensa protokoolichaa itti ta'u isaatiinkuusame booda ta'uu qaba.
2. Protokoliin kun biyya yookiin dhaabbata walta'iinsa diinagdee naannoo protokolii kana raggaasisee, fudhatee, mirkaneesse yookiin miseensa protokolichaa ta'eef hojii irra kan inni itti oolu barreeffamni protokolichaa shantamaffaan akka keewwata kana keewwata xiqqaa 1 oliitiin erga kuusame booda, guyyaa sagaltamaffaa biyyichi yookiin dhaabbatichi bareeffama protokolichaa isaa raggaasise, fudhate, mirkaneessae yookiin miseensa protokoolichaa ta'un kuuse booda ta'u qaba.
3. Dhimma keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 oliitiif jecha, barreeffamni protokolichaa dhaabbata walta'iinsa diinagdee naannootiin kuusame kan biyyoota miseensa ta'an irratti akka dabalataatti lakka'amu hin qabu.

**Keewwata 34**

**Daangaa Raawwatiinsaa**

Hojii irra oolmaa tumaalee pirotokoolii kanaa ilaalchisee daangaa raawwatiinsaa hin qabu.

**Keewwata 35**

**Miseensummaa Gadi Lakkisuu**

1. Miseensichi protokolii kana hojii irra oolche waggaa lama booda yeroo kamitiyyuu qaama protokolichi birattikuusamutti beeksiisun miseensummaa gadi lakkisuu ni danda'a.
2. Miseensummaa gadi lakkisuun kan danda'amu beeksisni qaama protokooli biratti kuusamu eerga qaqabe waggaa tokko booda yookiin waggaa tokko booda guyyaa beeksiisa irratti ibsametti ta'uu qaba.

**Keewwata 36**

**Barreeffama Fudhatamummaa Qabu**

Barreeffamni oriijinaalaa pirtookolii kanaa afaan Arabaa, Afaan Chaayinaa, Ingliffa, Frenchii, Afaan Raashiyaa fi Spaanishiin qopha'aan fudhatamummaa wal qixa kan qaban ta'ee, Waajjira Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniitti kan kuusamu ta'a.

Kana mirkaneessuun kan armaan gaditti mallatteessan guyyaa ibsametti protokoolicha mallatteessanii jiru.

**Duuka Deemtuu**

**Bu'aawwan Maallaqaan fi Mit-Maallaqaa**

1. Kanneen armaan gaditti tareeffaman qofatti utuu hin daangeeffamiin, bu'aaleen maallaqaa kaneen armaan gadii haammachuu ni danda'a:-
   (a) Kaffaltii mirga argamaa/kaffaltii saamuda sassaabame yookiin fudhatame
   (b) Kaffaltiiwwan yeroo duraatiif kaffalaman
   (c) Kaffaltiiwwan hojii haaraatiif kaffalaman
   (d) Kaffaltiiwwan abbaa mirgaatiif kaffalaman
   (e) Gabaaf kan dhihaatu yoo ta'e kaffaltii eeyyemaaf kaffalamu

(f) Hedduumina lubbu qabeeyyiitiif kunuunsaa fi itti fayyadama si'ataa isaaniitiif itti amanamee gargaarsa maallaqaa addaa kaffalamu.
(g) Qaamolee hundaan walii galtee irra gahaamee kaffaltii kaffalamuu fi Mindaaf
(h) Gargaarsa maallaqaa qorannoo ramadamu
(i) Daldala waliin geggeeffamu
(j) Mirgawwan beekumsa abbaa kalaqummaa waliin qabatee jiruuf

2. Bu'awwan maallaqaan alatti argamanii kanneen armaan gadii alatti ta'aaniis hammachuu ni danda'a.
   a) Bu'aawwan qorannoo fi misoomaa hirachuu
   b) Qorannoowwan saayinsaawaa fi sagantaalee misoomaa irratti wal ta'iinsaan, wal deeggersaan hojjechuu fi qooda gumaachuu dha. Keessumaayyuu Qamoleen hirtaa qabeenya dhaala sanyii dhiheessee qorannoo baayooteeknooloojikaa taasisuuf.
   c) Hojjii misoomaa fi oomishuu irratti hirmaachuu
   d) Leenjii fi barnoota irratti wal ta'iinsaan, wal deeggersaan hojjechuu fi qooda gumaachuu.
   e) Qabeenyawwan idoo umaaman ture ala jiru ilaalchise haalawwan mijeessuu fi kuusaa odeeffannootiif walii hojjechuu.
   f) Haala mija'aa fi haqa qabeessa ta'een beekumsaa fi teeknoolojiiwwan dhiheessitoota qabeenya dhaala sanyii tiif daddabarsuu, keesumaayyuu baayooteeknoolojii ykn wantoota hedduumina lubbu qabeeyyii kunuunsuu fi haala si'ataan itti fayyadamuuf gargaaran dabalatee beekumsaa fi teeknoolojii qabeenya hedduumina lubbu qabeeyyii itti fayyadamuuf qooda guddaa qaban daddabarsuu.
   g) Teeknoolojii daddabarsuuf ijaarsa dandeettii cimsuu
   h) Dhaabbilee dhimma kana irratti hojjetaniif ijaarsa dandeettii kennuu
   i) Qajelfamoonni haalaan hojjiitti akka jijjiiramanii fi bulchiinsaaf qabeenya humna namaa fi meeshaalee barbaachisan dandeettii isaanii cimsuuf
   j) Biyyootii qabeenya dhiheessaniif yoo danda'ame biyyootii kunneen keessatti qabeenya irratti leeenjii kennuu

k) Ibsaa fi qorannoo heduumina lubbu qabeeyyii dabalatee kunuunsaa fi itti fayyadama si'ataa hedduumina lubbu qabeeyyii ilaalchisee odeeffannoon saayinsaawa akka jiraatu taasisuu.

l) Diinagdee biyya keessatiif qooda gumaachuu

m) Qaamolee hirtaa qabeenya dhaala sanyii qaban biyya keessatti akka ittai fayyadamaniif yaada keessa gashuun qorannoowan kallattiidhaan xiyyeeffannoo dura barbaachisa kan akka fayyaa fi wabii nyaataa gaggeessuuf

n) Walii galteewwan hirtaa qixaa fi qabeenya argachuu fi sochiiwwan wal ta'iinsaa itti fufiinsa qabuuf walitti hidhamiinsa dhaabbilee fi ogumma uumuu

o) Bu'aawwan wabii nyaataa fi jireenyaa mirkaneessuuf

p) Hawaasaaf beekkemtii kennuuf

q) Mirgawwan abbaa kalaqumaa waliinii kabachiisuuf.